A WORKSHEET PREPARED TO HELP THE 2020 OROMIA CTE GRADUATES AND THOSE WHO RE-TAKE THE PROFESSIONAL COMPETENCY ASSURANCE TEST IN SUPPLEMENTING THE ANNUAL WORK INTERRUPTED DUE TO COVID-19

Biiroo Barnoota Oromiyaa

Deeggarsa UNICEF kan Qophaa'e

Ebila 2012
BBO

Gaaffii Shaakallii Sagantaa Dippilomaan Eebbifamtoota KBB Bara 2012 fi kanneen irra deebiin qorumsa Madaallii Gahumsa Ogummaa Fudhataniif Qophaa'e

Gaaffii Shaakallii Akaakuu Barnootaa: Jeneraalistii (Herrega, Phyiscs, Chemistry, Biology, Geography, Civics)

I.Kutaa-I Gaaffilee Qabiyyee "Content"

Gaaffilee armaan gadiitiif filannoowwan kennaman keessaa kan sirri ta'e filadhu.

Gaaffii Herrega (1-33)

1. Lakkoofsa 4578×10^{-3} ilaalchisee kan sirrii hin taane isa kami?
   A. 7 mana kudhaniiti
   B. 8 mana kumaffaati
   C. 4 mana tokkooti
   D. 5 mana kurnaffaati
2. Lakkoofsota hundaa 4 fi 20 gidduu meeqatu jira?
   A.20 B.17 C.15 D.16
3. $4\times10^5\times9\times10^3+1\times10+6$ bifa dessiimaaliitiin yammuu barreeffamu:
   A. 40916
   B. 400916
   C. 40990016
   D. 409016
4. Lakkoofsota armaan gadii keessa kan adda ta'e kami?
   A. $\sqrt{0.25}$
   B. $0.\dot{4}\dot{5}$
   C. 1.5
   D. $2\sqrt{2}$
5. Yoo tuutni T= {-1, 0, 1} ta'e, qoyyaboota armaa gadii keessaa kamtu tuuta T irratti amala al-algoomsuu qaba?
   A.Ida'uu B.Baay'isuu C. Hiruu D. Hir'isuu
6. Tuuta lakkofsa hundaa keessatti kanneen armaan gadii keessaa kamtu dhugaadha?
   A. Amalli hir'isuu amala jijjiira iddootti
   B. Amalii baay'isuu amala raabsamaa qaba
   C. Ida'uun amala raabsamaa baay'isuu irratti qaba
   D. Amalli hiruu amala rabsamaa dha
7. Tuutni lakkoofsota irra deddeebii olaanaan uumamu maal jedhama?
   A. Gatii giddugala
   B. Gatii marmaartuu
   C. gatii gidduu
   D. Reenjii
8. Tuutni tuqaalee dheerinaafi bal'ina murtaawaa hin qabne maal jedhama?
   A.Diriiroo B.Sarara C.Bakka D.Xuqaa
9. Litiriin 0.70, miliimetirii _____ ta'a.

A.700 B.0.007 C.70 D.7000

10. Obboo Lammiin fageenya 12km deemuuf 9.4km fardaan,1.4km doqdoqqeen fi kan hafe ammoo miilaan yoo deeman,obboo Lammiin miilaan fageenya hagamii deeman?
    A. 1200m C. 1.02km
    B. 120,000dm D. 120,00cm
11. Qonnaan bulaa tokko lafa qonna rektaangulaa'aa dheerinni rogoota isaa 100m fi 40m ta'e dallaa itti ijaaruuf yoo karoorfate, dheerinni meeshaa dallaa kana ijaaruuf barbaachisu hammam ta'a?
    A.200m B. 4000m C. 280m D.560m
12. Yoo saarbiin waraqaa boca iskuweerii qabuu tokko 2sm dheerata ta'e, bal'inni waraqaa kanaa hammam ta'a?
    A.2sm^2 B. 4sm^2 C.8sm^2 D.10sm^2
13. Dhagaa meetirii-kiyuubii 15 lafa meetirii-iskuweerii 450 uffisuuf yoo barbaachise,dhagaa meetirii-kiyuubii 0.005 lafa seentimeetirii-iskuweerii hagamii uffisuuf barbaachisa?
    A. 150,000 C. 1500
    B. 30,000 D. 45,000
14. Kan dheerina rogoota rog-sadee hin taane kami?
    A. 2cm. 3cm ,4cm C. $2\sqrt{3}$cm ,0.5cm ,1.5cm
    B. 1cm ,3cm ,2.5cm D. 1.75cm ,2.1cm ,2.3cm
15. Rog-arfeen rogoota cimdii tokko waltarree ta'e qofa qabu:
    A.rohombasii B.traapiiziyemii C.reektaangilii D.paralalloogiraamii
16. Qu'aadirilaateeraliin rogoota cimiidii tokko waliin fuullee ta'an waltarree qabu maal jedhama?
    A.Romboosii B.Tiraapiziyeemii C.Rektaangilii D.Paraalaloogiraamii
17. Bal'inni roombaasii ABCD 108cm^2 fi dheerinni saarbii tokkoo 12cm yoo ta'e dheerinni saarbii biroo meeqa ta'a?
    A.9cm B24cm C. $\sqrt{117}$ D.18cm
18. Qabeen kiyuubii tokkkoo 27cm^3 yoo ta'e waa'ee kiyuubii kana ilaalchisee kan sirrii hin taane isa kami?
    A.Bal'inni dirra isaa 54cm^2 ta'a C.Dheerinni roga isaa 3cm ta'a
    B.Dheerinni saarbii isaa D. $2\sqrt{3}$cmBal'inni fuula tokkoo 9cm2
19. Giddu-galeessi qabxii garee kubbaa kaachoo Bulchiinsa Magaala Adaamaa dorgommii kudhan irratti argatan 21 dha.Qabxiin dorgommii sagal irratti garichi argate 23,30,6,7,20,12,46,13 fi 24 yoo ta'e qabxiin garichi dorgommii kurnaffaa irratti argate meeqa ta'a?
    A.29 B.19 C.18 D.25

20. Giraafii geengoo daataa gabatee armaan gadii irraa hojjechuu yoo barbaadde,baay'ina kubbaawwan halluu gurraachaa digirii meeqaan bakka buufta?

Halluu kubbaawwanii	Adii	Diimaa	Gurraacha	Magariisa
Baay'ina kubbaawwanii	20	23	36	81

A.56 B.22.5 C.48 D.81

21. Turtii tapha kubba miilaa safaruuf ramada kamtu irra caalatti gargaara?

A.Guyyaa B.Torbaan C.Sekondii D.Sa'aatii

22. Naannofni danaa armaa gadii hammam ta'a?



A.60 sm B.80sm C.40sm D.36sm

23. An fuulota lama qaba, verteeksota hin qabu akkasumas gangalachuu nan danda'a, kamtu sirritti na ibsa?

A.Kiyuubii B.Dhuqunqula C.Piraamidii D.Siliindarii

24. Barattootni 5 battallee Herregaa qabxii 3, 5,8,10 fi x galmeessan.Yoo gatiin giddugalaa 8 ta'e , gatiin x meeqa ta'a?

A.14 B.32 C. 23 D. 15

25. Himoota armaan gadii kenname keessatti tokko hanqina safartuu aadaa ibsa.

A. Gatii sirrii safaraa hinibsani.
B. Wanta tokkoof gatii safara adda addaa kaa'a.
C. Safarri isaanii gat-dhabeessaafi dhugoomina hinqabu
D. hunduu deebii dha.

26. Fakkiin armaan gadii mooraa guddaafi xiqqaan agarsiisuun kennamee jira. Perimeetirii dallaa xiqqaafi guddaa barbaadi?



A.60m B.90m C.110m D.150m

27. Hiriiroo lakkoofsaa kenname tokko keessatti xiyyi lama kanneen tuqaa hundhuura **O** irratti walkiphuun kofa 60° walii walii isaanii gidduutti uumuu kan danda'an xiyyoota meeqatu jirraachuu danda'aa ?

A. 36 B. 6 C. 10 D.12

28. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu safartoota handhuuraa tii ?

A. gatii giddugalaa , gatii gidduu fi gatii marmaartuu

B. gatii giddugalaa , maqinsa sirrii fi gatii marmaartuu
C. reenjii , maqinsa giddugalaa fi vaariyaansii
D. maxxaantuu vaariyaan,gatii giddugalaa fi safartuu waltawaa

29. Danaan sarara olee armaan gadii baay'ina muummee muraasaa Kolleejjii barnoota Barsiisota Naqamtee bara barnootaa 2010 agarsiisa.kanneen armaan gadii keessaa kamtu sirri mitii?



A. Baay'inni barattoota muummee Afaan oromoo 600
B. Baay'inni barattoota muummee Fiiziksii 200
C. Baay'inni barattoota muummee Herregaa 400
D. Muummeen Ingiliffaa muummeewwan hundarra baay'ina baraattootaa irra guddaa qaba

30. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu hanqina safara duriitii?
A. Gatii sirrummaa safaraa hin agarsiisan
B. Meeshaa tokkof safarrii garagaraa kennuu danda'u
C. Safarriin isaanii amanamummaafi qabatamumaa hin qabu
D. Hunda

31. Safartoota handhuuraa sadiin eenyuu fa'i?
A. Gatii giddugaleessaa, gatii gidduufi moodii
B. Avireejii, moodiifi maqiinsaa sirrii
C. Reenjii, avireejii maqiinsaafi vaariyaansii
D. Kofisheentii vaariyaansii, gatii giddugaleessaafi gatii sirrii

32. Kaayyoon barnoota herregaa mana barumsaa sadarkaa 1^{ffaa} keessatti barsiisuu keessatti hin ramadamnee isa kam?
A. Termoota artimeetikootafi mallattoolee
B. Yaad-rimee teramootaa, poschuleetotaafi adeemsa mirkanneessuu
C. Yaad-rimee lakkoofsotaa
D. Dhugaawwaan herregaafi deemsa gatii lakkoofsaafi hariiroo bu'uuraa qoyyaboota arfanii

33. Kanneen armaan gadii keessaa kaayoon beekumsa herregaa barsiisuu kan ta'e kam?
A. Dandeetti fakkiiwwaa ji'oomeetiriikalawaa kaasuu akka dagaagifataniif
B. Dandeettii bu'uuraa qoyyaaboota herregaa arfan akka gabifataniif
C. Mallattoolee herregaa, fakkiiwwanfi diyaagiraamoota akka hubataniif
D. Seenaa dagaagina guddina herregaa akka diqisifataniif

Gaaffii Fiiziksii (34-60)

34. Nammotni ba'aa ulfaataa (fkn barmeelii bishaaniin guutame) konkolaataa irratti fe'uuf ykn irraa buusuuf baachuu irra kara salphaa ta'en dalagaa kana dalageessuuf gosota maashinii armaan gadii keessa kamitti fayyadamu qabu?
    A. Bal'insa habalakaa
    B. Qottoo
    C. Iskiriiwuu
    D. Fonqolcha
35. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu safara guutuu qaama safartamoo fiizikaala **hangaa** sirriitti ibsa?.
    A. m = 9.0 kg
    B. m = 9.0 ± 0.3
    C. m = 9.0 ± 0.3 kg
    D. m = 9.0
36. Dhagaan ta'e tokko gubbaa gamoo hin beekamne irraa gara gadiitti ariitii jalqabaa u tiin darbatame.Dhagaan kun yommuu lafa rukkutu ariitin isaa 3u ture.Hojjaan gamoo dhagaan kun irraa darbame meeqa?
    A. $3u^2/g$
    B. $4u^2/g$
    C. $6u^2/g$
    D. $9u^2/g$
37. Sochii kufaati walabaa keessatti yoo dhiibbaan qilleensa hin jiru ta'e dhagaan ulfaataa fi salphaan guula wal-fakkaataa qabu.Sababa dhagaan ulfaataan guula guddaa qabaachu dhabeef maaliif?
    A. Guulli harkisa dachee lamaanirrattuu wal-fakkaata wan ta'eef.
    B. Kufaati walabaa keessatti dhiibban qilleensaa zeeroo wan ta'eef.
    C. Inershiyaan dhagoota lamaani wal-qixa waan ta'eef.
    D. Reeshoon humnaa gara hangaa dhaabbata waan ta'eef.
38. Meeshaan danfisaa tokko bisaan 20g ho'istuu elektiriikii irratti ho'isuuf daqiiqaa sagal (9min) turuun tempireechari isaa 10^0c gara 75^0c jijjiramee. Yoo ho'i naanootti hin badne ta'e,Aangoon ho'insaa elektriikii kanaa meeqa?
    A.10.11watt B.5460watt C.600watt D.9.1watt
39. Rifeensa mataa guyyaa jiidhinsa hin qabne filuun filaa saanarratti chaarjii hammi isaa $1x10^{-8}$C ta'e yoo uume . Elektiroonota meeqatu rifeensa kee irraa gara filaatti darbe?
    A. $1.6x10^{-19}$ elektiroonii
    B. $1x10^8$ elektiroonii
    C. $3.2x10^{11}$ elektiroonii
    D. $6.25x10^{10}$ elektiroonii
40. Eebbisaan mana isaa irraa ka'ee gara bahaatti 200m, gara kaabaatti 300m, gara dhihaatti 500m fi 700m gara kibbaatti kan socho'u yoo ta'e:Hamma qaxxaamura eebbisaan deeme meeqa?
    A.500m B.200m C.300m D.700m
41. Tiraakeriin tokko guyyaa ho'a keessa gaasii liitirii 37000L baatee ture tokko bakka ture irraa kilomeetira heeddu deemuun gaasii bakka tempireecharri isaa isa duraa irra 23k gadi ta'e geesse gaasii ofirra buuse.Gaasii liitirii hagamii qabatee bakka sana ga'e?(koffisheentiin babal'achu qbee gaasicha $9.5x10^{-4}/^0$c fi koffisheentii babal'achuu kal tokke baatoo tiraakii $11x10^{-6}/^0$c)
    A.36192L B. 3700L C.37808L D.808L
42. Tempireechera qaama kee himuuf meeshaa safaraa isa kam fayyadamta?
    A.Wind veenii B.Reengeejii C.Teermoomeetira D.Baaroomeetira

43. Kanneen armaan gadii keessa qabeenya mit harmasamoo kan ta'e isa kami?
A.Bubbee B.Bishaan C.Soolaarii D.Boba'aa (diesel)
44. Turtiin ta'ii tokko kan garaagarummaa gidduu ka'umsaa fi xumurata'ii agarsiisu maal jedhama?
A.Hanga B.Dheerina C.yeroo D.Qabee
45. Utubaan alaabaa mana barumssa jiru kanneen armaan gadii keessa isa kamiif fakkeeny gaarii ta'a?
A.Balinsa habalakaa B.Puulii C.Fonqolcha D.Iskirwuu
46. Mismaara muka keesaa baasuuf (buqqisuuf) meeshaa filatamaan isa kami?
A. Fonqolcha kan akka gadduum dhumarra gaafoo qabu
B. Sirna puulii
C. Puulii fi ulee isaa kan akka gaarii(wago)
D. Balinsa habalakaa
47. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu fonqolcha sadarkaa 3^{ffaa} miti?
A.Ciniintuu (Piinsaa) B.Maqaasii (qaxxaamura) C. Hakaafaa D.Kiyyoo qurxumii
48. Yuunitii niwutaniin maal safaruuf gargaara?
A.Humna B.Ulfaatina wantoota C.Anniisaa D.A fi B
49. Humni harkisa dachee lafaan wantoota irratti gaggeeffamu maal jedhama?
A.Ulfaatina B.Hanga C.Anniisaa D.Guula
50. Nyaata nyaannu irraa anniisaan argamu
A. Anniisaa makaanikaalaa
B. Anniisaa keemikaalaa
C. Anniisaa elektirikaalaa
D. Hunduu deebii ta'u
51. Faayidaan vooltimeetirii maali?
A. Anniisaa kuufamaa safaruuf
B. Kaarentii safaruuf
C. Ittisoo safaruuf
D. Deebiin hin kennamne
52. Anniisaan Bubbee maaliif fayyada?
A. Elektiriikii maddisiisuuf
B. Bishaan bool'a keessaa harkisuuf
C. A fi B
D. Deebiin hin jiru
53. Meeshaa salphaafi ulfaataa ta'an iddoo walfakkaatu irraa bilisaan osoo gadhiifamee
A. Yeroo walfakkaatu lafa gahu
B. Wanti ulfaataan dursee lafa gaha
C. Wanti salphaan dursee lafa gaha
D. Deebiin hin kennamne
54. Kanneen armaan gadii keessaa himni dogoggora ta'e kami?
A.Sagaleen daandii qajeelaa irraa socha'a C.Sagaleen akaakuu anniisaati
B.Sagaleen bifa danbaliitin socha'a D.Sagaleen qilleensa caalaa vaakiyuumii keessatti socha'a
55. Kanneen armaan gadii keessaa danbaliin sagalee kam keessa hin sochoone?
A.Gaasii B.Jajjaboo C.Vaakiyuumii D.Dhangala'oo

56. Kanneen armaan gadii keessaa balaa elektirikaa hir'isuuf of-eeggannoon fudhatamuu qabu kami?
A. Meeshaalee elektiriikii iddoo daa'imman gahuu danda'an irraa fageessuu
B. Shiboo elektiriikii pilaastikiidhaan haguuguu

C. Yeroo roobaa wantoota elektiriikii ta'an tuquu dhiisuu
D. Hunduu deebii ta'u

57. Kan sirriitti walitti hin firoomne isa kami?
A. Termoomeetira-------Teempireecheera
B. Dheerina----------Ulee meetiraa
C. Hanga----------Kiiloogiraama
D. Saa'atii----------saa'atii lakkooftuu

58. Harkisni humni dachee wantoota irratti dalageessuu maal jedhama?
A.Ulfaatina B.Hanga C.Anniisaa D.Guula

59. Bakka dhiibbaan qilleensa hinjire irratti wantootni ulfaatina guddaa qabaniifi salphaa qaban olkaa'aa walqixa ta'e irraa yoo gad-lakkifaman:
A. Al-takkaa lafa qubatu
B. Inni ulfaatina guuddaa kan qabu dursee lafa qubata
C. Inni ulfaatina salphaa qabu dursee lafa qubata
D. Deebii hin qabu

60. Qaamni tokkoo boqoonnaa irra yeroo jiru:
A. Humni irratti dalaga'u hin jiru
B. Humni irratti dalaga'u isa inni hin qunnamu
C. Humni irratti dalaga'u humna madaalawaadha
D. Qaamichi vaakiyumii keessatti argama

Gaaffii Keemistrii (61-80)

61. Wantoota armaan gadii keessaa kan bocaa fi qabee murtaa'aa hinqabne kami?
A.Dhagaa B.Bishaan C.Biyyee D.Kaarboondaayooksaayidii

62. Faalkaaleen fiizikaalawaa maaterii baay'ee beekamoo ta'an jajjaboo, dhangala'oo fi gaasii dha. Kan armaan gadii keessaa waa'ee dhangala'oo dhugaa kan ta'e kami?
A. Dhangala'oon qabee murtaa'a qabu .Garuu boca murtaa'a hinqaban
B. Dhangala'oon boca murtaa'a qabu. Garuu qabee murtaa'a hinqaban
C. Dhangala'oon boca fi qabee murtaa'a qabu
D. Dhangala'oon boca fi qabee murtaa'a hinqaban

63. Bishaan qabeen isaa 50ml ta'ee fi zayitii nyaataa qabeen isaa 50ml ta'e yoo walitti makte wal hin fudhatan(walkeessatti hin bulbulaman) . Kun kan agarsiisu
A. Poolaaraa'ummmaa garaagaraa qabaachuu isaanii
B. Qabxii danfinaa garaagaraa qabaachuu isaanii
C. Rukkina garaagaraa qabaachuu isaanii
D. Foolii garaagaraa qabaachuu isaanii

64. Ruqoolee qilleensaa keessaa kan biqilootni fayyadamanii soorata isaanii ittiin qopheeffatan kamii dha?
A.O_2 B.H_2 C.CO_2 D.N_2

65. Kanneen armaan gadii keessaa mucuccataa kan ta'e kami?

A.Bilokeetii B.Cirracha C.Mangoo D.Dhagaa

66. Wantoota armaan gadii keessaa jabataa kan ta'e kami?
A.Suphee B.Dhadhaa C.Damma D. Xarmusiii

67. Adeemsa sirriin makaa ashaboo fi cirrachaa gargar baasuuf fayyadu kanneen armaan gadii keessaa isa kami?
A. Bulbuluu→ hurkisiisuu→ dhimbiibuu
B. Bulbuluu → dhimbiibuu → hurkisiisuu
C. Hurkisiisuu→ dhimbiibuu → bulbuluu
D. Gingilchuu → korkorsuu → bulbuluu

68. Malla ittisa manca'iinsa qabeenya bosonaa ta'u kan hindandeenye kami?
A. Miidhaa manca'iinsi bosonaa fiduu hawaasa barsiisuu
B. Muka tokko yoo muraan bakka busuun kan biroo dhaabuu
C. Madda anniisaa elektirikaa fi aduu fayyadamuu
D. Madda annisaa cilee fi qoraan fayyadamuu

69. Kanneen armaan gadii keessaa amala fiizikaalaa wantootaa kan hintaane isa kami?
A.Si'aayina walnyaatinsaa B.Bulbulamummaa C. Halluu D. Fooli

70. Kanneen armaan gadii keessaa amala sibiilotaa kan hin taane kami?
A. Dabarsoo elektiriikaafi ho'aati
B. Battachuu danda'u
C. Caccabuu danda'u
D. Hunda

71. Mata-duree barannoo "qilleensi iddoo ni qabata" jedhu barattoota barsiisaa jirtuuf ifa taasisuuf adeemsota armaan gadii keessaa filatamaa kan ta'eisa kami?
A. Afuuffee qilleensan guutitii barattootatti agarsiisuun barannoo waliin walqabsiisi.
B. Yaad- rimee barattootatti himuun mata-duree barannoo biraatti darbi.
C. Ibsa gabaabaa kennuun barattoonni akka yaadannoo fudhatan taasisi.
D. Garee uumuun barattoonni qilleensi iddoo qabachuu fi qabachuu dhiisuu isaa irratti akka marii gaggeessan taasisi

72. Kanneen armaan gadii keessaa oksaayidii haayidiroojiinii kan ta'e isa kami?
A. Kaarboondaayooksaayidii
B. Maaginiiziyem oksaayidii
C. Bishaan
D. Salfardaayooksaayidii

73. Adeemsota armaan gadii keessaa kan oksaayidii beezawoo qopheessuu dandeessisu isa kami?
A. Kaarboonii oksijiinii gahaa keessatti gubuun CO_2 uumuu
B. Maginiiziyemii oksijiinii gahaa keessatti gubuun MgO uumuu
C. Salfarii Oksijiinii gahaa keessatti gubuun SO_2 uumuu
D. Naayitiroojinii oksijiinii gahaa keessatti gubuun NO_2 uumuu

74. Mana yaalii keessatti yaalii osoo hin gaggeessin dura maqaa fi bifa meeshaalee mana yaalii beekuun faayidaa maalii qaba?
A. Qormaata yaalii irratti qabxii guddaa galmeessisuuf
B. Yaaliin dura meeshaalee yaaliif barbaachisan daftee salphaatti argachuuf
C. Yaaliin dura meeshaalee yaaliif barbaachisan qulqullaa'uu isaanii mirkaneeffachuuf

D. Ajaja mana yaalii sirritti hordofuuf

75. Lilmoon kompaasii shiboo kaarentii qabu cinaatti yommuu qabamu kallattiin lilmoo kompaasii maaliif daba?
    A. Naannoo shiboo dirreen maagneetawaa waan jiruuf
    B. Naannoo shiboo dirreen elektikaalaa waan jiruuf
    C. Sababa dirree giraaviteeshinaalii
    D. A fi Bn deebii ta'u
76. Amaloota armaan gaditti kennaman keessaa haala sirrii ta'een kan walitti firoome kami?
    A. Jijjiirama fiizikaalaa ----------anniisaa guddaa barbaada
    B. Jijjiirama keemikaalaa ----------wanta haaraa uuma
    C. Jijjiirama keemikaalaa ----------salphaatti duubatti deebi'a
    D. Afi Cn deebii ta'u
77. Kanneen armaan gadii keessaa bishaan keessatti kan hin bulbulamne kami?
    A.Saamunaa B.Ashaboo nyaataa C.Alkoolii D.Koopparii
78. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu makaa miti?
    A.Qilleensa B.Dhiiga C.Aannan D.Ashaboo
79. Mana yaalii (Laaboraatorii saayinsii) keessatti yaalii gaggeessuuf qophooftee yaalii yemmuu eegaltu akka carraa dhullee dhiltuun hin jiru. Rakkoo kana hiikuuf furmaatni ati keessu maal ta'a?
    A. Hooggansi mana barumsaa akka bitu gaaffaachuu
    B. Meeshaa pilaastikaa irra fooyyeessanii hojjechuu
    C. Mana barumsa ollaa irraa ergifachuu
    D. Barannoo sana irra darbuu
80. Fakkiin armaan gadii faalkaa jijiirama bishaanii agarsiisuu keessatti adeemsa xiyya 1, 2 fi 3'n agarsiifamee sirrii kan ta'e kami?

    A.1-baqsuu, 2-qabbaneessuu, 3- hurkisiisuu
    B.1-baquu, 2-hurkisiisuu, 3-sablimeeshinii
    C.1-baqsuu, 2-hurkisiisuu, 3-sablimeeshinii
    D.1-qorrisiisuu, 2-qabbaneessuu,3-sablimeeshinii



Gaaffii Baayoloojii (81-113)

81. Qaamoolee miiraa kanneen keessaa lallaafinaafi shaakaraa'uu wantootaa kan adda baasu:
A.Funyaan B.Ija C.Gogaa D.Araba
82. Karaaleen ijoon HIV'n ittiin daddarbu:
A. Dhiigaa walii dabarsuun
B. Walqunnamtii saalaa of eeggannoo hin qabne
C. Meeshaalee qara qabeeyyii waliin fayyadamuu
D. Hunda
83. Bishaan maaliin faalama?
A. Koosiiwwan mana keessaa gatamuun
B. Peetirooliyeemii
C. Koosiiwwan haftee qonnaa irraa gatamuun
D. Hunda
84. Qaamolee bishaanii armaan gadii keessaa kamtu bishaan dhugaatiif hin oolu?
A.Garba B.Bishaan lagaa
C.Haroowwan D.Hara (ponds)
85. Bidoollee bishaanii keessatti gulantaa sooraтaa 1ffaa kan ta'e kami?
A.Qurxummii B.Faayitoopilaankitanii
C.Zoopilaankitanii D.Shaarkii
86. Bishaan faalame maal fidaa?
A. Fayyummaa namaa fooyyeessa
B. Hamma oksijiinii bishaan keessaa xiqqeessa
C. Wal-hormaata lubbuu qabeeyyii bishaan keessaa dabala
D. Humnaa ol baayyachuu biqilootaa bishaan keessatti dabala
87. Kanneen armaan gadii keessaa ilbiisota gamtaa kan hin taane isa kami?
A. Rirma B.Goondaa C.kanniisa D.Boombii
88. Ilbiisota armaan gadii keessaa koochoo kan hin qabu?
A.Goondaa B.Boombii C.Bararoo D.Deebii hin qabu
89. Bineensota armaan gadii keessaa kan tempireechara qaamaa dhaabbataa ta'e qabu kami?
A. Qurxummii B. Naacha C. Hantuuta D. Fattee
90. Kanneen armaan gadii keessaa dukkubni bishaan faalameen dhufu kami?
A. Busaa B.Daranyoo sonbaa C.Koleeraa D.HIV/AIDS
91. Qurxumiiwwaan, amfiibiyaanooni, reptaayiloota, sinbiroowwaniifi hoosiftootni amaloota waliin qaban kan ta'e kami?
A. Ho'a qaamaa dhaabbataa hin taane qabaachuu
B. Hanqaaquu buusuu
C. Lafee dugdaa qabaachuu
D. Ho'a qaamaa dhaabbataa qabaachuu

92. Kanneen armaan gadii keessaa kan lafee dugda hin qabne jalatti ramadamu kam?
A.Saawwa B.Cilaalluu C.Lootuu D.Fattee

93. Bineeldonni naannoo mana jireenya dhala namaatti madaquun jiraatanii fi tajaajila kennan maal jedhamu?:
A.Bineensota bosanaa B.Beeyladoota C.Lubbu-maleeyyii D.Adurree fi saree

Gaaffilee 94 fi 95 funcaa soorataa armaan gadii irratti hundaa'uun deebisi

Marga→Hoolaa →Jeedala →Rumicha

94. Funcaa soorataa armaan olii keessatti Jeedalli;
A. Soorattoo 1ffaa B.Soorattoo 2ffaa C.Soorattoo 3ffaa D.Soorattoo 4ffaa

95. Pirootiiniin caasaalee akka gaafaa,qeensaa fi rifeensa bineeldotaa ijaaruuf oolu isa kami?
A.Kollaajiinii B.Mayoosiinii C.Maayoogiloobinii D.Keeraatiinii

96. Bullaa'iinsi pirootiinii eessatti eegalaa?
A.Garraacha B.Mar'imaan qal'aa C.Afaan D.Mar'imaan furdaa

97. Orgaanizmoonni qaama orgaanizimoota du'anii diiguun marsaa wantootaa mijeessan isaan kami?
A.Maxxantoota B.Qopheessitoota C.Burkuteessitoota D.Nyaattota

98. Orgaanizmoota hariiroo koomensaalizimii qaban gidduutti maaltu ta'a?
A. Tokko miidhamee tokko ni fayyadama
B. Tokko yoo fayyadamu tokko hin fayyadamus hin miidhamus
C. Lamaanuu ni fayyadamu
D. Hunduu deebiidha

99. Kanneen armaan gadii keessaa hawaasa orgaanizimoota hedduu fi hariiroo walxaxaa kan qabate isa kami?
A.Bosona B.Lafa margaa C.Gammoojjii D. A fi B

100. Bu'aa biqilootaa kan hin taane kami?
A. Kuufama kaarboondaayooksaayidii atimoosfeerii keessaa xiqqeessuuf
B. Kuufama oksijiinii atimoosfeerii keessaa xiqqeessuuf
C. Dhiqama biyyee hambisuuf
D. Marsaa bishaaniif

101. Marsaa wantootaa armaan gadii keessaa kan biqiloonni kallattiidhaan itti hinfayyadamne kami?
A.Marsaa naayitiroojiinii B.Marsaa kaarboonii C.Marsaa D.Deebii hinqabu

102. Kanneen armaan gadii keessaa isaan biroo waliin haariiroo xiqqaa kan qabu kami?
A.Xaafii B.Boqqoolloo C.Qamadii D.Aannan

103. Fakkaattiin retiinaa irratti uumamu osoo sammuudhaan hiika hinargatin kan armaan gadii keessaa kam fakkaata?
A.Dhugoo, ol qajeelaa fi guddaa B.Dhugoo,gombifamaa fi xiqqaa
C.Dhugoo, ol qajeelaa fi xiqqaa D.Dhugoo,gombifamaa fi guddaa

104. . Kanneen armaan gadii keessaa isa kamtu kan biroo irraa adda?
A.Geejjiba B.Uffata CNyaata D. Mana jireenyaa

105. Kanneen armaan gadii keessaa walitti hidhamiinsi qaamaa fi dalagaan isaa dogongora ta'e mul'isu isa kami?
    A.Arraba - Dhandhamuu C. Funyaan - Fuunfachuu
    B.Gurra - Madaala qaamaa D. Gogaa - Keemikaala addaan baasuu
106. Qaamolee armaan gadii keessaa qaama raabsituu kan ta'e kami?
    A. Onnee B.Somba C.Kalee D.Gogaa
107. Kanneen armaan gadii keessaa kan dalagaa dhiigaa hin taane isa kami?
    A. Oksijiinii geejjibuu
    B. Dhukkuba ittisuu
    C. Dhaamsa sammuu irraa fuudhee geejjibuu
    D. Kaarbondaayoksaayidii geejjibuu
108. Nama gartuu dhiigaa "O" qabu ilaalchisee kamitu sirrii dha?
    A.Hunda irraa fudhata. C.Gartuu"O" qofaaf kenna.
    B.Gartuu "O" qofarraa fudhata. D.Deebii hin qabu
109. Caasaa onnee namaa irratti ***huut-lameen*** kan argamu eessatti?
    A. Oorikilii mirgaa fi Veentriikilii mirgaa jidduutti
    B. Veentirikilii mirgaa fi Orikilii bitaa jidduutti
    C. A'oortaa fi veenaakaavaa jidduutti
    D. Veentirikilii bitaa fi Oorikilii bitaa jidduutti
110. Sirna marsaa dhiigaa namaa ilaalchisee kan sirrii hintaane kami?
    A. Marsaa dhiigaa dachaa dha.
    B. Marsaa dhiigaa banaa dha.
    C. Marsaa dhiigaa sirnaawaa fi Sombaawaadha.
    D. Deebiin hinjiru
111. Karoorri maatii maaliif fayyadaa?
    A. Qarshii quusachuuf
    B. Eeggannoo daa'immaniif gochuuf
    C. Rakkoo mana jireenyaa furuuf
    D. D. Hunda
112. Marsaan laguu dubartootaa yoo dhaabbate maal shakkuu dandeessa?
    A.Ulfa B.Menoopoosii C.Ovuleeshiinii D.A fi C
113. Rh faaktarii(Rh factor) abbaa fi haadhaa armaan gadii keessaa kan miciree irratti rakkoo uumuu danda'u isa kami?
    A. Abbaa Rh^+ fi Haadha Rh^+
    B. Abbaa Rh^- fi Haadha Rh^-
    C. Abbaa Rh^+ fi Haadha Rh^-
    D. Deebii hinqabu

Gaaffii Ji'oogiraafii (114-144)

114. Argama dhugaa Naannoo Oromiyaa kennuuf kamtu irra-caalatti filaatama dha?
A.Argama Bir-qabaa B Argama qaama dacheen kennamu
C.Argama Astiroonoomii D. A fi B

115. Kallattii Kibbaatiin Itoophiyaa kan daangeessu:
A.Suudaan B.Suudaan Kibbaa
C.Eeritiriyaa D.Somaaliyaa

116. Teessuma lafaa Itoophiyaatti bu'a ba'iitu itti baay'ata. Teessumni lafaa kun gara caaluu sababa humna kamiin kan uumamee dha?
A. Humnoota teektooniikii keessa lafaa dhufuun
B. Humnoota irra lafaatii ka'uun
C. Dhiibbaa gochaa dhala namaatiin
D. Harama biyyee

117. Rakkoo ongee ammaa amma dhaqabu dandamachuuf hawaasni qonnaa maal gochuu qaba?
A. Oomisha qonnaa dabaluu
B. Lakkoofsa qoteebulaa baay'isuu
C. Bosona mancaasuufi dachee qonnaaf fayyadamuu
D. Deebiin hin kennamne

118. Ummata Itoophiyaa keessatti garee umurii kamitu danata?
A.Ga'eessot C. Manguddoota
B.Ijoollee D. Dubartoota

119. Kanneen armaan gadii keessaa isa kamitu faca'iinsa ummata Itoophiyaa irratti dhiibbaa *hin* qabu?
A.Duuddubee amantii C. Sochii dinagdee
B.Faca'insa roobaa D. Duuddubee seenaa

120. Isa kamitu jijjiirama naannoo uumamaatiif ka'uumsa *hin* ta'u?
A.Gubachuu foosiilii B.Ho'u addunyaa
C.Dhoo'insa volkaanoo D.Baay'ina ummataa

121. Kanneen armaan gadii keessaa tokko faayidaa lubbuu qabeeyyii naannootti argaman irraa argannu keessatti hin dabalamu:
A.Madda annisaa B.Madda nyaataa C.Naannoo qulqulleessuu D.Naannoo faaluu

122. Biyyaa keenyaa keessatti gosa geejjiiba isa kamtu tajaajila bal'ina qabu kennuun beekama?
A.Geejjiiba keebilii B.Geejjiba lafarraa C.Geejjiba qilleensarra D.Geejjiba bishaanirraa

123. Haalli jireenya hawaasaa Itoophiyaa caalaa bu'uura kan godhate sochii dinagdee armaan gadii keessa isa kam irratti?
A.Daldala B.Qonna C.Warshaa D.Turizimii

124. Haala qonna Itoophiyaa ilaalchise kan dhugaa ta'e kami?
A. Gosa qilleensa walfakkaataa ta'e keessatti raawwatama.
B. Baay'inaan fedhii maatii guutuuf oola.
C. Gabaa irraatti xiyyeeffatame oomishama.

D. Mala ammayyaan rawwaatama.

125. DTarsiimoo misooma dinagdee walitti fufaa ilaalchisee kan sirrii hin ta'iin kami?
    A. Qabeenyaa jiru dugguguun itti faayyadamuu
    B. Carraa filaanno gosa dinagdee bal'isaa
    C. Qulqullina sadarkaa jireenyaa fooyyeessa
    D. Carraa filaannoo hawaassummaa bal'isaa
126. Garaagarummaa bal'aa guddina diinagdee fi baay`ina uummata gidduu jiru dhiphisuuf mootummaan Itoophiyaa imaammata ummataa qopheessee hojiirra olchaa jira. Imaammanni ummata biyyooleessa Itoophiyaa kun isa kami?
    A. Imaammata dhalata daa'immaanni xiqqeessuu
    B. Imaammata dhalata daa'immaanni jajjabeessuu
    C. Imaammata du'a haadhoolii xiqqeessuu
    D. Imaammata guddina diinagdee jajjabeessuu
127. Haalawwan guddina warshaa aadaa biyya keenyaa irratti dhiibbaa kan hin qabne isa kami?
    A. Tajaajila liqii argachuu dhabuu
    B. Waldaan gurmaa'anii hojjechuu dhabuu
    C. Walitti hidhamiinsa gabaa bal'aa qabaachuu
    D. Muuxannoo nama dhuufaa irratti hirkachuu
128. Biyya keenyaa keessatti gareen hawaasaa warshaa aadaatiin bulaanii haalli jireenya isaanii sadarkaa gadii aanaa irraatti argama. Haala kanaaf sababni maali?
    A. Warshaa ammayyaan baay'inaan waan jiruuf.
    B. Hawaasni ilaalcha gaarii hin qabuuf.
    C. Gumaachi dinagdee keessatti qabu xiqqaa waan ta'eef.
    D. Namni baay'een hojii kana irratti bobba'ee waan jiruuf.
129. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa bosonaa kan ta'e isa kami?
    A.Dahoo bineensota bosonaati C.Qonnaaf ooluu
    B.Albuuda baasuuf D.Qurxummii kiyyeessuuf
130. Haala qonna Itoophiyaa ilaalchise kan *dhugaa* ta'e kami?
    A. Baay'inaan fedhii maatii guutuuf oola.
    B. Gosa qilleensa walfakkaataa ta'e keessatti raawwatama.
    C. Gabaa irraatti xiyyeeffatame oomishama.
    D. Mala ammayyaan rawwaatama.
131. Faalama qilleensaaf sababa jalqabaa yookiin duraa kan ta'e isa kami?
    A. Gaazota warshaa keessaa bahan
    B. Sirna yaa'insa bishaanii seeraan alaa
    C. Balfaa magaalaa bakka mijataa hin taanetti gatuu
    D. Ijaarsa daandii
132. Jijjiiramni qilleensa baramaa dhiibbaawwaan akkami naannoo uumamaa fi hawaasa irratti geessisa?
    A. Babal'achuu dhibee gammoojjii
